Oromiyaa

Lakk. 358

Oduu

Sochiin hiyyummaafi boodatti hafummaa keessaa ba’uuf taasifamu cimee itti fufa

Bar-kumee haaraa kanatti sochiin hiyyuummaafi boodatti hafummaa keessaa ba’uuf jalqabame cimee itti fufuu akka qabu prezidaantiin bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa beeksisan.

Pre. Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Ob. Abbaaduulaa Gammadaa kana kan ibsan ayyaana bar-kumee Oromiyaa tibbana magaalaa Adaamaatti kabajame irratti haasawa taasisaniin yemmuu ta’u, ayyaanni kun kan waadaa keenya itti haaromsinu ta’uu akka qabu addeessaniiru.

Bal’ina oduu kanaa fuula balballoomii irra ilaalaa.

Godina Qellem Wallaggaatti lafa heek. 222,515 ol irra sanyiin adda addaa facaafamee kunuunfamaa jira

Godina Qellam Wallaggaatti bara oomishaa 1999/2000 lafa heektaara 222,515.675 irra sanyiin midhaanii adda addaa facaafamee kunuunfamaa akka jiru saa bulchaan godinichaa Ob. Taammiraat Kibabuu ibsan.

Bulchaan godinichaa Ob. Taammiraat Kibabuu gaazeexaa Oromiyaatiif akka ibsanitti, lafa kana irraa oomisha kuntaala 6,000,000 argachuuf karoorfamuu isaa addeessaniiru.

Godina Qellam Wallagga akka Oromiyaatti ulaa misoomaa lixaa jedhamanii kan adda ba'an keessaa tokko ta'uu ishee kan ibsan bulchaan godinichaa, godina keessatti oomisha bunaaf xiyyeeffannoon guddaan kennamuu isaa ibsanii, oomishni kudraafi mudraas bal'inaan hojjetamaa akka jiru.

Bara 1999 biqiltuun bunaa 29,406,171 dhaabamuu isaafi dhaabbii bara 2000f ammoo ijji bunaa kiiloogiraama 8756.99 faca'ee biqiltuun bunaa 41610116 dhaabbiif qophaa'uu isaa Ob. Taammiraat ibsaniiru. Bara oomishaa 1998/99 godinichatti lafa heek. 389000.211 irraa oomishni gosa adda addaa kuntaalli 4,152,176.671 argamuu isaa ibsa Ob. Taammiraatti irraa hubachuun danda'ameera.

Haaluma wal fakkaatuun godina Shawaa lixaa aanaa Ambootti bara oomishaa 1999/2000 lafti heek. 53,192 qotamee sanyiin adda addaa facaafamuu isaa itti aanaa itti gaafatamaan waajjira qonnaafi misooma baadyaa aanichaa addeessaniiru.

Itti aanaa itti gaafatamaan kun Ob. Ijjiguu Safaraa gaazeexaa Oromiyaatiif akka ibsanitti, qonnaa kanaaf kan oolu xaa'oon yuuriyaafi daappiin kunt. 12,252 raabsamuu isaa hirmaniiru. Kana keessaa gurgurtaa harkaafi harkaatiin xaa'oon gosti lachuu kuntaala 2,106 ta'uu addeessanii, kafaltii duraa %35 kafaluun kunt. 8,795 raabsamuu isaafi kan hafe guutummaatti liqiin kennamuu eeraniiru. Kana malees qorichi aramaa liitirri 3249, biiftuun qoricha aramaa 10 raabsamuu dubbataniiru.

Qorannoo qonnaa Amboofi Hoolotaa waliin ta'uun sanyiiwwan filatamaa gosa adda addaa kuntaalli 226 ol dhihaachuu kan ibsan Ob. Ijjiguun, kunneenis qorannoo qonnaa Amboofi Hoolotaa waliin ta'uun kan oomishaman sanyiiwaan boqqolloo, xaafii, gamadii, garbuu, sunqoofi kanneen biroo akka ta'an dubbataniiru.

Haaluma wal fakkaatuun aanichatti qonnaa lafa kootichaa gandoota 11 keessatti adeemsifamuuf maarashaan 'BBM' 675 qonnaan bulaaf kan raabsame ta'uu Ob. Ijjiguun eeranii,

biqiltuun nyaata looniif oolan gosa adda addaa lafa heek. tokko irratti faca’ee qonnaan bulaan projektii kana irraa muuxannoo fudhachaa akka jiru dabalanii addeessaniiru.

Magaalaa Mattuutti namoonni hojii dhabeeyyiin 448 waldaalee 35n gurmaa’anii hojjechaa jiru

Magaalaa Mttuutti waldaaleen miseensota 448 qaban 35 birrii kuma 665 oliin hojii addaddaarratti bobba’anii hojjechaa akka jiran ibsame.

Ob. Alamaayyoo Balaayi itti aanaa kantibaafi itti gaafatamaan waajjira ijaarsa dandeettii magaalaa Mattuu akka dubbatanitti, magaalaa Mattuutti waldaaleen 35 miseensota 448 of keessaa qaban hundaa’anii socho’aa jiru. Miseensonni waldichaa hojii qonna magaalaa, dalala, ijaarsa fi tajaajila addaddaarratti bobba’anii hojjechaa jiru.

Miseensota waldaalee kanneeniif mootummaan naannoo Oromiyaa birrii 325,589.04 waldaan liqiifi qusannoo Oromiyaa birrii 309,814 bulchiinsii magaalaa Mattuu birrii 30,003 walumaagalatti birriin 665,406.04 tajaajila liqii kan kenname yemmuu ta’u, birrii liqeeffatan keessaa birriin 434,326.58 deebi’uusaa Ob. Alamaayyoon eeraniiru. Miseensota kanneen keessaa 159 dubartoota.

Baranas waldaaleen 81 miseensota 809 qaban gurmaa’uusaaniifi isaanis haalli tajaajila liqii itti argatan akka mijaa’uuf odeeffannoo argamerraa hubachuun danda’ameera.

Balbaloomii

Sochiin hiyyummaafi boodatti hafummaa keessaa ba’uuf taasifamu ciminaan itti fufuu akka qabu ibsame

Bar-kumee haaraa kana keessatti sochiin hiyyummaafi boodatti hafummaa keessaa ba’uuf jalqabamee ciminaan itti fufuu akka qabu Pireezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Ob. Abbaa Dulaa Gammadaa ibsan.

Ob. Abbaaduulaa Gammadaa kana kan ibsan ayyaanni Bar-kumee Oromiyaa tibbana magaalaa Adaamaatti haala ho’aadhaan wayita kabajametti yemmuu ta’u, isaanis dhaamsa dabarsaniin ayyaanni bar-kumee kun, ayyaana hawwiifi abdii keenya itti ibsinu duwwaa utuu hin taane ayyaana mul’ata keenya hojiin mirkaneessuuf waadaa keenya itti haaromsinu, guddina biyyaatiif qooda keenya ba’uuf xiiqiidhaan kan itti kaanu ta’uu qaba jedhaniiru. Itti fufuudhaanis, injifannoon nageenyaa, misoomaafi demokraasii biyyi keenya galmeesisaa jirtu bu’aa ol’aanaa argamsisaa jiraachuusaa eeranii, bu’aan argame kunis bar-kumee haaraa kanatti cimee akka itti fufu addeessaniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa waggoota muraasa keessatti biyya keenya sadarkaa guddinaa biyya galii jidduu galeessa qabanirraan ga’uuf mula’ta kaa’ame galmaan ga’uuf tattaaffii ummanni keenya taasisu milkeessuuf adda duree ta’ee akka hojjetu mirkaneessaniiru. Ummannis tumsa hiyyummaa maqsuuf tasifamu irratti akka hirmaatu waamicha dabarsaniiru.

Daareektariin kabaja ayyaana Bar-kumee Oromiyaa Ob. Gabbisaa Tasfaayee gamasaaniitiin, ayyaanichi waggaa guutuu sagantaa addaddaatiin akka kabajamu eeranii, aadaafi turizimii naannichaa beeksisuuf sochiin bal’aa taasifamuusaa addeessaniiru. Itti fufuudhaanis, dhaloota dhufuuf Oromiyaa misoomaan guddatte dhaalchisuuf bar-kumee haaraa kanatti hojiin bal’aan akka hojjetamu dubbataniiru.

Ayyaana kanarratti namoonni kuma dhibbaan lakkaawwaman hirmaataniiru. Ob. Mahaammad Haji Abdoo waggaa 25 ol biyya Ameerikaa jiraatanii gara biyyasaanittii deebi’uusaanii eeranii, ayyaana kanarratti argamuunsaanii akka isaan gamaachise dubbataniiru. Bar-kumee kanatti biyya keenya hiyyummaafi boodatti hafummaa keessaa baasuuf harka wal-qabannee hojjenna jedhanii, isaanis Oromiyaa keessatti hojii investimentii adeemsisuuf qophiirra akka jiran yaada kennaniin mirkaneessaniiru.

Darg. Jiloo Hawaas Bar-kumee haaraa kana tumsa hiyyummaa keessaa ba’uyuf taasifamu dargaggoonni adda dureen hirmaachuu akka qaban eeruudhaan, innis gama isaatiin ciminaan hojjetee fakkeenya ta’uuf qophii ta’uu isaa dubbateera. Ad. Fatiyaa Aliyyii gamasaaniitiin bar-kumee haaraa kanatti dubbartoonni sochii misoomaa keessatti bal’inaan hirmaachudhaan sochii hiyyummaa dhabamsiisuuf taasifamu deeggaruu akka qaban yaada kennaniiru.

Mr. Beenjaamin Beenchimaan haala mijaa’aa mootummaan investimeentiidhaaf uumeetti gamaduun hojii qonnaarratti bobba’uuf biyya Ameerikaarraa dhufuusaanii eeraniiru. Itti fufuudhaanis Itoophiyaan waggootii muraasa keessatti misoomaan guddachuu akka dandeessu abdiin qaban yaada kennaniin mirkaneessaniiru.

Sirna kabaja ayyaana bar-kumee kanarratti waldaan amantiiwwan garaagaraa, qondaaltonni mootummaa fedaraalaafi Oromiyaa, argamuu isaaniirrayyuu, daddaraaroon Oromiyaa waggaa tokkoofi sagantaa adeemsiseen kanneen mo’ataniif badhaafni kennameera.

Ijoo Dubbii

Seexaa ho’aa bar-kumee kanaan uumameen hiyyummaa seenaa taasisuuf

Kunoo egaa Bar-kumee haaraa, waggaa haaraa haala ho’aafi gammachiisaa ta’een simannee jireenya eegalleerra. Waggaa haaraan, bacaqqeefi dukkana gannaa dabarree ifa birraa, booqaa birratti kan ittiin ceenu waan ta’eef miira ho’aafi waadaa haaraadhaan kan kabajnu ta’uunsaa waan tokko ta’ee, Bar-kumeen jireenya keenya keessatti al-tokko kabajamu asirratti yemmuu dabalamu ammoo ho’inaafi gammachuu ayyaanichaa, akkasumas mul’ataafi waadaa keenya dachaa taasisa. Mul’anni nuyi Bar-kumee haaraaf qabunuufi mul’ata keenya galmaan ga’uuf waadaan nuyi ofii keenyaa wajjin seennu ammoo eenyummaa keenya boriitiif murteessaa ta’a.

Jala-bultii bar-kumee keenya sochii hojii adda addaatiin kabajaa turreerra. Godinaaleefi magaalota Oromiyaa mara keessatti biqiltuun mukaa dhaabbate, karaa tokkoon qabeenya bosonaa manca’e deebisee misoomsuudhaan qilleensa gaariifis ta’e kunuunsa biyyootiif haala mijaawaa kan uumu yemmuu ta’u, karaa biraa ammoo seexaafi miira ummanni keenya kunuunsa bosonaatiif qabu, walumaa gala ummanni keenya bal’aan seexaafi kaka’umsa hojii hagam akka qabu hubachiiseera. Keessumaa ammoo jala-bultii bar-kumee ilaalchisee ayyaanni godinaaleefi magaalota keessattis ta’e akka naannootti kabajamaa ture ummanni keenya bar-kumee haaraa kana seexaafi miira hojii guddaadhaan simachuuf kutannoon ka’uu isaa, waadaa seenuu isaa agarsiiseera.

Kana malees, ayyaanichi karaa nagaa ta’een, waan hamaaniifi hammeenya qabu utuu hin dhaga’amiin haala ho’aafi gammachiisaa ta’een kabajamee darbuun isaa ummanni keenya adaa, seenaa, kabajaafi nageenya biyya isaatiif quuqama kan qabu ta’uu isaa mirkaneesseera. Kanarraa darbees, ummatichi bar-kumee haaraa kana keessa sochii misoomaa, ijaarsa sirna demokraasiifi bulchiinsa gaarii eegalamefi bu’aa abdachiisaan argame akka itti fufu taasisuuf miira tokkummaafi kutaannoodhaan ka’uu isaa mirkaneessa, ofii isaatiifis ta’e biyya isaatiif waadaa seenuu isaa hubachiisa. Kunimmoo abdachiisaadha.

Egaa, seexaan, kutannoofi kaka’umsi jalqaba bar-kumee irratti mul’ate kun bu’aa wajjin cimee itti fufuu mala. Akkuma jala-bultiifi kabaja ayyaana bar-kumee irratti tokkumaadhaan waada seene hiyyummaa haojii cimaadhaan seenaa taasisuuf harka wal-qabannee ka’uu qabna. Aadaan hojii keenya kan amma jiru kana caalaa dachaan cimee itti fufuu qaba. Dirree hojii irratti bobbaane hundaa irratti fayyadamummaa mataa keenyaafi maatii keenyaatiif amanamummaan hojjechuu qabna.

Kaka’umsiifi quuqamni kabaja ayyaana bar-kumee irratti mul’ate kun akkuma jiruun utuu hin qabanaa’iin itti fufnaan seenaan hiyyummaa jijjiirmee gara badhaadhinaatti ce’uun keenya shakkii keessa kan galu hin ta’u. Waan guddaan hubatamuu malu dirreefi hojii irratti bobbaane hundarratti bu’aa quubsaa argamsiisuuf keessa keenyatti waadaa ofii seenee humna guutuun hojjechuudha. Namoonni har’a addunyaarratti qabeenyaafi badhaadhinnaan beekaman hundi cimanii hojjechuun ala hiccitii biraa hin qabani. Qonnaan bultoonni adda dureen biyya keenyaa badhaafman cimanii bonaafi ganna hojjetaniiti. Biyyoonni galii giddu galeessa qabu jedhaman hojiidhaan asirraa ga’ani. Kanaafuu, ofii keenyas hiyyummaa keessaa ba’uuf, biyya keenyas guddisuuf cimnee haa hojjennu - bar-kumee gaarii.

Aaga Badhaadhinaa

Bu’aa konfiransii qonnaan bultootaa

Sochiin bulchiinsa gaarii mirkaneessuufi hiyyummaa keessaa ba’uuf taasifamu akka milkaa’u taasisuuf mootummaan imaammataafi tarsimoo addaddaa baasuudhaan hojiirra olcheera. Isaanis haala biyya keenya giddu galeessa taasisaniifi toora warraaqsa demokraasitiin hiyyummaa seenaa durii tasasisuuf murannoon kan itti seenamedha. Haaluma kanaan biyyi keenya daandii guddina abdachiisaa ta’e irratti argamuu ishee guddina dinagdee waggootii afuriif fufiinsaan galma’eerraa hubahcuun ni danda’ama.

Guddinni jalqabame kunis haala fufiinsa qabuun akka adeemuuf sochiin taasifamaa jiru ciminaan itti fufeera. Sochiiwwan kanneen keessaas konfiransiiwwan addaaddaa qopheessuudhaan aadaan hojii foyya’e kallattiidhaan guddina biyya keenyaaf gumaacha ol’aanaa akka taasisu gochuudha. Konfiransiiwwan qonnaan bultootaa yeroo garaagaraatti deemsifamanis, qonnaan bulaan aadaa hojii foyyeessuudhaan jijjiirama akka argatu, bu’aawwan teknolojiitiin akka fayyadamu, waggaatti si’a sadii oomishuudhaan jireenyi isaa akka fooyya’u bu’ura ta’eera. Haaluma kanaan qonnaan bultoonni hedduun jireenyi isaanii foyya’uusaa irrayyuu jijjiirama ol’aanaa argataniiru. Kanneen keessaa ammoo Ob. Asaffaa Lammaan isaan tokko dha.

Ob. Asaffaan godina Shawaa bahaa aanaa Lumee jiraataa ganda qonnaan bulaa Jogoo Gudeeddooti. Isaanis, konfiransiiwwan qonnaan bultootaa yeroo garaagaraatti deemsifamerratti hirmaachuusaanii guddina, amma argataniif bu’ura akka ta’e dubbatu. Godina isaanirraa jalqabee hanga godinaatti goota misoomaa jedhamani badhaasa garaagaraa argataniiru. Kana qofaa miti, badhaasa qonnaan bultootaa sadarkaa naannotti kenname argataniiru. Bu’aa kanaaf ammoo konfiransiin qonnaan bultootaa bu’ura ta’uusaa nutti himaniiru. Me isaanumarraa haa hubannu.

“Konfiransii irratti utuu hin hirmaatiin dura aadaan hojii keenya gad-aanaa ture. Ganna qofa hojjenna. Waggaatti si’a tokko oomishna, achiin booda farsoo dhuguu ykn magaalaa keessatti bashannanuudha. Guyyaan ayyaanaa hedduummaachusaarrayyuu, guyyaa hojjennurraa, guyyaa hojii malee dabarsinutu caalaa. Dukkana keessa turre. Baay’een gaabba, maal godhu... “ jedhaniiru. Dhugaadha aadaan hojii gad-aanaa ta’uusaa jijjirama konfiransii booda argamerraa hubachuun ni danda’ama. Akka Ob. Asaffaan dubbatanitti konfiransiiwwan yeroo garaa garaa deemsifamanirratti hirmaachuunsaanii jireenyisaanii akka jijjiiramu taasiseera. Konfiransii booda akka duraanii guyyaa ayyaanaa lakkaa’uudhaan hojii lagachurraa, hojjechuu jalqaban. Waggaatti si’a tokko oomishuurraa si’a sadii oomishuu itti fufan. Teknoloojii addaaddaatti

fayyadamuusaaniirrayyuu, gorsa hojjettota misoomaa dhimma itti ba'uu eegalan. Haala kanaan bu'aa ol'aanaa argamsiisuudhaan qonnaan bulaa adda duree ta'anii badhaafamuusaaniirrayyuu, jireenyisaanii jijjiirameera.

Nutis jijjiirama kana ijaan argineerra. Mana qorqorroo guddaa ijaarrrachuusaaniirrayyuu, keessoon manaa meeshaalee ammayyaa'aatiin guutameera. Kana qofaa miti, Ob. Asaffaan meeshaa humna solaarii maddisiisu birrii kuma 13n bitanii dhimma itti ba'aa jiru. Magaalaa Mojoo keessatti mana ammayyaa'aa ijaaraniiru. Bar-dheengaddaa Qamadii kuntaala 50 xaafii kuntaala 50 ol oomishaniiru. Birrii kuma 100 ol baankii kaawwataniiru. Ob. Asaffaan ciminaan hojjechuusaanittin badhaasa argatanis, badhaasicha argadhe jedhanii hojiisaanii hindaganne. Halkaniifi guyyaa hojjechuu jalqaban malee.

Wayita ammaa namoota afur mindeessaniiru. Isaanis qixxee wajjin hojjetu. Ijoolleen jaha qabanis, sagantaadhaan hojjetu. Teknoloojii haarawaa hojiirra olchuufi gorsa hojjettota misoomaa hojiirra olchuuf dorgomaa hin qabani. Waggaa sadii duraa jalqabee callaa guddistuu harka harkatti bituu jalqabaniiru. Oomisha 1999/2000f xaa'oo birrii kuma 8 oliin bituusaanii nutti himaniiru. Ob. Asaffaan namoota biroofis fakkeenya ta'uusaanirrayyuu, qonnaan bultoota 15 of jalatti gurmeessuudhaan faana saanii akka bu'an taasisaniiru. Qonnaan bulatoota kanneen keessaa Ob. Shimallis Haawaas isaan tokkodha. Isaanis, cimina Ob. Asaffaa irraa barachuun akkasumas muuxaannoo isaanirraa horachuudhaan, ciminaan hojjechaa jiraachuusaaniifi bu'aa ol'aanaa argtachuusaanii nutti himaniiru.

Qonnaan bulaa ciminaan hojjetanii bu'aa ol'aanaa argatan biroonimmoo Ob. Taaddasaa Tafarraa jedhamu. Isaanis, godina Shawaa bahaa, aanaa Lumee jiraataa ganda qonnaan bultoota Bolaa Bulfaati. Akka isaan dubbatanitti konfiransii qonnaan bultootaa booda waggaatti si'a sadii oomishuu jalqabaaniiru. Sanaan dura garuu, waggaatti si'a tokko oomishuudhaan ayyaana lakkaa'uudhaan hojii malee dabarsaa akka turaniifi wayita ammaa haallii sun jijjiiramusaa nutti himaniiru. Bar-dheengaddaa Ob. Taaddasaan gurgurtaa kuduraafi muduraa irraa birrii kuma sadii argataniiru. Xaafii kuntaala 25 Qamadii kuuntaala 30 oomishaniiru. Kuduraafi muduraa oomishuusaanirrayyuu tajaajila mana keessaaf alaa kan bitamu soogidda qofaa ta'uusaa dubbataniiru. Mana ammayyaa'aa ijaaruusaaniirrayyuu, konkolaataa nama fe'u qabu. Biirrii kuma 80 ol baankii kaawwataniiru.

Akka duraanii callaa guddistuu liqaan fudhachuun hafeera. Ob. Taaddasaan qonnaan bultoota biroofis fakkeenya ta'aniiru. Qonnaan bultoota faanasaanii bu'an keessaa Ob. Isheetu Taakkalaa isaan tokkodha. Akka isaan dubbatanitti Ob. Taaddasaa wajjin hojjechuunsaanii jireenyisaanii akka jijjiramu taasisuusaa nutti himaniiru. Bu'aa argame kanaafis gargaarsi hojjettoota misoomaa

iddoo ol’aanaa qaba. Hojjetaa misoomaa kan ta’an Ob. Tageeny Taadduu akka dubbatanitti qe’ee qonnaan bulaatti argamuudhaan qonnaan bulaan teeknoloojjii haarawaatti akka fayyadmuufi bu’aa ol’aanaa argatu gargaaraa jiru.

Dubbistoota keenya xumura barreeffama kanaa maxxansa dhufutti itti deebina.